




# Abbaa Coqorsoo

Leveled



Afaan Oromoo

Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017



The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: <https://creativecommons.org/licenses/>



# Abbaa Coqorsoo

Kutaa 3



## Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- ◆ Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.
- ◆ Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaanis akka walyaadachiisan taasisi.
- ◆ Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.
- ◆ Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

## Gaaffiwwan Dubbisuun Duraa

Osoo dubbisa hindubbisiin gaaffiwwan deebisi.

1. Namni tokko amala gaarii qaba kan jedhamu yoo maalfaa godhedha?
2. Amala gaarii qabaachuun faayidaa maalii qaba?
3. Nama amala gaarii hinqabneef hawaasni ilaalcha akkamii qaba?



## Diinkolaas

Diinkolaas maqaa koo yoo ta’u haadha kootuu maqaa kana naaf moggaase. Bara ani dhaladhe mootummaa Erteraafi Itoophiyaatuu daangaa irratti wal lolaa ture jedhan. Kanaafuu, haatikoo mucaan amma nuuf dhalate kun diina daangaa nu dhiibu kana nurraa kolaasuu danda’a jetteeti Diinkolaas naan jette.


Abbaan koos maqaa haati koo naaf moggaaste kana hojiin isaa akkuma maqaa isaa nuuf haata’u jedhee maqaa naaf moggaafame mirkaneesse.

Dhaladhee ergan guddadhee booda, mana barnootaa Burqaa Guddinaa Sadarkaa Tokkoffattin barnoota koo eegale. Mana barnootaatti barsiisaafi barsiistuun na barsiisan akka haadhaaf abbaa koottin jaalladha. Waan isaan hojjedhu naan jedhan dafeen raawwadha. Amaloota gaarii isaan na gorsan hojiirran oolcha. Kanarraa kan ka’es barnoota kootti baayyee cimeen sadarkaa tokkoffaa ba’a.

## Amala Gaarii

Mana barnootaatti amala gaarii malee amala badaa ta'e calaqqisiisee hinbeeku. Hiriyoota koo baayyeen kabaja; nan jaalladhas. Nama kam birattuu waan soba ta'e hindubbadhu. Sobuufi hatuun namaafi waaqa biratti amala badaa ta'edha naan jedhu maatiin koo.

Hojii manaa barsiisaafi barsiistuun koo naaf laatan osoohin hojjetiin mana barnootaa hindeemu. Mana barnootaan alattis kun nama xiqqaadha; kun immoo guddaadha osoon hin jedhin nagaan gaafadha.



Yoo isaan na waliin dubbatanis sirnaanin waliin dubbadha. Boolii koos mana fincaaniitti malee alatti ba'ee hinbeeku. Kana irraan kan ka'e namoonni ati mucaa amala gaarii qabdudha naan jedhu. Yeroo namoonni akkana naan jedhan immoo hedduu natti tola.



## Sagantaa Qu'annaa


Naannawa keenyatti ijoollee waliin qu'annuufi hojii manaa waliin hojjenu shantu jiru. Shanan keenya keessaa sadii dubartii yoo ta'an lama immoo dhiira. Nuti shanan keenyayyuu sagantaa qu'annaa baafannee dabareen wal qo'achiifna.

Bakki nuti itti wal geenyee qo'annus muka guddaa naannawa keenya jiru kan gaaddisni isaa namatti tolu jalatti. Muka kana yeroo dheeraadhaaf akka barattoonni jalatti qo'atan namoonni nannawa sanaa nidubbatu. Nutitis mukuma sana filanne

Sagantaa qo'annaa keenya keessatti dura bu'aafi barreessaa qabna. Dura bu'aan sagantaa qo'annaa keenyaa ana Diinkolaas yoo ta'u barreessituun immoo Yaadaniidha. Sagantaa qo'annaa keenya keessatti lamaan keenyayyuu ga'ee mataa keenyaa qabna. Ani walii gala sagantaa qo'annaa keenyaan hoggana. Guyya guyyaan waan irratti qo'annu natuu sagantaa baasuun gaaffilee adda addaa dhiyeessa.

Warri ani waliin qo'adhu ammoo sagantaa ani baase kana gammachuudhaan fudhatu namni saganticha irratti yaada mormii dhiyeessu hinjiru.

Barreessituun keenya Yaadaniin immoo nama sagantaa qo'annaa keenyarraa hafe maqaa waamuun too'atti. Tarii rakkoon wayii na qunnamee yoon sagantaa qo'annaa sana irraa hafes bakka koo buutee kan hojjettu isheedha. Yeroon nuti bakka kanatti wal geenyee qo'annus yeroo boqonnaa keenyaati. Sagantaan baafannes yeruma boqonnaa keenyaa akka itti fayyadammu. Sagantaa qo'annaa kana kan dhaabbannes hayyama maatii keenyaatiini. Maatiin keenya yeroo barumsaa keenya akka nu jalaa hinmiinetti saganticha akka baafannu nuuf hayyaman.



Sagantaan qo'annaa keenyaa seera ittiin bulmaataa qaba. Namni osoo rakkoo tokko hinqabaatiin sagantaa kana irraa hafe maatii isaa daabboo hojjechiisee nuuf fiduun adabama. Kan barfatee saganticha irratti argame immoo yeroo itti aanu bishaan akka nuuf fidee dhufu taasifama. Gaaffii qo'annaa ka'u irratti namni hirmaannaa hintaasifne sagantaa qo'annaa keenyaaf qubeessaa isaa kennuu qaba.

Kanaafuu, ijoolleen nuti waliin qo'annu seera ittiin bulmaata keenyaa waan sodaataniif rakkoo qunnamu malee hin hafan. Faayidaa sagantaan qo'annaa kun nuuf buuses hedduudha. Nu keessaa kan duraan barnootatti laafina agarsiisan cimudhaan daree isaatti sadarkaa qaba.

Cimuu irrayyuu darbinee qabiyyee barnootaa kutaa itti aanuu keessaayyuu gaaffii hedduu hojjechuu eegalle. Kun ammoo isa dareetti barannuu cinaatti beekumsa walii galaallee akka horanne nu hubbachiise. Kun ammoo baay'ee nu gammachiise.

## Muuxannoo Haala Qu'annaa

Barsiisonni keenya muuxannoo haala qo'annaa keenya kanaa barattoota biroof akka kenninu nu gaafatan. Nutis haala itti eegalle irraa kaasnee hanga seera ittiin bulmaata keenyaatti barattootaaf muuxannoo laanne. Barattoonni hedduunis muuxannoo haala qu'annaa keenyaa fudhachuudhaan barnoota isaanii irratti jijjiirama addaa fidan.

Maatiifi hawaasni naannoo jijjiirama ijoollee isaanii arganis nu eebbisan. Namoonni hunduu harka gara keenyaatti qaluun nu eebbisu “Hamaan isin hindanda'in. Tolaanisin haa danda'u!” nuunjedhu turan.



Ani Diinkolaas haala kanaan dura bu'aa sagantaa qu'annaa keenyaa ta'uun waggoota hedduun hojjedhe. Sanaan booda, barnoota koo kutaa ja'affaa ergan xumuree booda, obboleessa koo magaalaa Adaamaa jiru bira deemeen barnoota eegale. Yeroo ani Adaamaa deemu hiriyoonna koo waggaa dheeraadhaaf waliin qo'achaa turre baayyee gaddan. Anis hiriyoota koo amala gaarii qaban kan waan hedduu waliin dabarsine sana yaadadheen gadde.

Hiriyoonna koo kitaaba barnoota Afaan Oromoo, Herregaafi Afaan Ingilizii walitti qabate bitanii badhaasa naaf kennuun na gaggeessan. Anis yaadannoo isaanii kana fudheen Adaamaa deeme. Ergan Adaamaa deeme haalli hunduu natti jijjiirame.

Ijoolleen ani waliin baradhu hedduun isaanii Afaan Amaaraa malee Afaan Oromoo hindubbatan. Animmoo Afaan Amaaraa xiqqoo xiqqoo malee dubbachuun na rakkisa.

Barattoonna ani waliin baradhu Afaan Oromoo beekanillee yoo ani waliin dubbadhu Afaan Amaaraan natti deebisu. Isan biyyatti hiriyoota koo waliin qu'adhu asitti immoo kanan waliin dubbisun dhabe.



Bakki ani irraa dhufe Baddaa waan ta'eef hedduu qorra. Magaalaan Adaamaa immoo baayyee waan ho'uuf itti baruu dadhabeen rakkadhe. Qaamni koos qilleensatti wallaalee daalachaa'e.

Booda immoo suutuma suutan qilleensa isaatti baraa dhufe. Barnootas erga haalaan eegallee booda, ijoolleen amalaafi dandeettii koo ilaalanii natti siiquu eegalan. Turtii muraasaan booda, hiriyoota hedduu horadheen boqonnaa sammuu argadhe. Hiriyoota koo keessaa kanneen amala badaa qabanillee yoo jiraatan gorseen amala badaa sana irraa deebisa.



Gorsa ani isaan gorsu irraa ka'aniis maqaa Abbaa Coqorsoo jedhu naaf moggaasan.

Abbaan Coqorsoo oduu durii ijoolletti raadiyootiin himanii gorsuudhaan nama beekamanidha. Kana irraa ka'anii maqaa Abbaa Coqorsoo jedhu naaf moggaasuun isaaniis hedduu natti tole.

Barsiisonni koos ijoollee irraa dhaga’anii maquma kanaan na waamu. Ergan hiriyyoota hedduu horadhee boodas muuxannoo sagantaa qo’annaa biyya dhaloota koo sana guddisuun barbaade. Fedhii koo kanas kan galmaan naaf gahun argadhe. Kun ammoo na gammachiise.

Jalqaba hiriyyota daree koo keessaa namoota shan filadheen muuxannoo qu’annaa duraan qabu sana itti hime. Isaanis muuxannoo gaarii ta’uu isaatti amannaan dura bu’aafi barreessaa filanne. Seera ittiin bulmaataas erga tumannee booda, qu’annaa keenya itti fufne.


Haala kanaan, yeroo gabaabaa keessattin  
Afaan Amaaraa sirriitti dubbachuu danda'e.  
Gareen qu'annaa keenyaas barnootatti  
jijjiirama gaarii agarsiisuun sadarkaan wal  
dorgomaa jiru.

Gaaffiwwan dubbisuun boodaa

Dubbisa dhiyaate irratti hundaa'uun  
gaaffiwwan deebisi.


1. Abbaan Coqorsoo amala gaggaarii inni qabu maaliin ibsame?
2. Maqaan Diinkolaas jedhuufi Abbaan Coqorsoo akkamiin moggaafame?
3. Abbaan Coqorsoo Adaamaa deemuu isaatti rakkoo maalfaatu isa qunname?
4. Jiruufi jireenya Abbaa Coqorsoo irraa maal baratte?

Sorban 1  
Kibaa 1



### Dhukkuboota Daddarboo

Lesson 1



Afaan Oromoo

Sorban 4  
Kibaa 2




### Ollaa Gaarii

Lesson 2




Afaan Oromoo

Sorban 7  
Kibaa 3




### Akaakuu Afoolaa

Lesson 3




Afaan Oromoo

Sorban 8  
Kibaa 4




### Abshaalummaa

Lesson 4




Afaan Oromoo

Sorban 9  
Kibaa 5




### Faaruu Loonii

Lesson 5




Afaan Oromoo

Sorban 10  
Kibaa 6




### Karooraan Hojjechuu

Lesson 6




Afaan Oromoo

Sorban 13  
Kibaa 7




### Nageenya Tiraafikii

Lesson 7




Afaan Oromoo

Sorban 17  
Kibaa 8




### Abbaa Coqorsoo

Lesson 8




Afaan Oromoo

Sorban 23  
Kibaa 9




### Utubaa Jireenyaa

Lesson 9




Afaan Oromoo

Sorban 24  
Kibaa 10



### Meeshaalee Qonnaa

Lesson 10



Afaan Oromoo